**Hubachiisa**
Tilmaamni Gatii kuni gatiiwwan wantootaa fi tajaajiloota fedhiiwwan kunuunsa fayyaa keessaniif wanta yookan tajaajilaaf ni barbaachisan jedhamanii eegaman agarsiisa. Tilmaamni kuni odeeffannoo yeroo tilmaamichi qophaa'utti beekamu irratti hundaa'a.

Tilmaamni Gatii gatiiwwan hin beekamne yookan hin eegamne kan yeroo wal'aansaa uumamuu malan hin dabalatu. Yoo haalonni walxaxaa yookan adda ta'an uumaman dabalata kaffalchiifamuu dandeessu. Kuni yoo uumame, seerri federaalaa kaffalticha akka mormitan (oliyyattan) eeyyama.

**Yoo Tilmaama Gatii Duraa kanaa ol kaffalchiifamtan, mirga kaffalticha mormuu qabdu.**

Kaffaltiiwwan gaafataman Tilmaama Gatii Duraatii ol akka ta'e beeksisuuf dhiheessaa yookan dhaabbata kunuunsa fayyaa tarreeffame dubbisuu maltu. Tilmaama Gatii Duraatin akka walgitu akka haaromsan, kaffalticha irratti waligaltee gochuuf, yookan gargaarsi maallaqaa jiraachuu isaa gaafachuu dandeessu.

Akkasumas adeemsa falmii hiikuu Qajeelcha Fayyaa fi Tajaajiloota Namaa U.S (U.S. Department of Health and Human Services, HHS) biratti jalqabuu maltu. Yoo adeemsa falmii hikuu fayyadamuuf filattan, adeemsa waldhabbii guyyaa kaffaltii jalqabaa irraa kaasee guyyoota kaalandaraa 120 (gara ji'oota 4) keessatti jalqabuu qabdu.

Adeemsa falmii fayyadamuun kaffaltii $25 qaba. Yoo ejensiin falmii keessan qoratu isiniin waliigale, gatii Tilmaama Gatii Duraa irra jiru kaffaltu. Yoo ejensichi isiniin walii hingallee fi dhiheessaa yookan dhaabbata kunuunsa fayyaatin waliigale, gatii caalaa sana kaffaltu.
Dabalata baruuf akkasumas adeemsicha jalqabuuf unkaa argachuuf, gara www.cms.gov/nosurprises (ingiliffa qofaan jira) deemaa yookan gara Giddugala Bilbila Bilisaatti bilbilaa: 1-877-696-6775.

Gaaffilee gaafachuuf yookan odeeffannoo dabalataa waa'ee mirga Tilmaama Gatii Duraa keessan yookan adeemsa falmii irratti argachuuf, www.cms.gov/nosurprises (ingiliffa qofaan jira) daawwadhaa yookan gara Giddugala Bilbila Bilisaatti bilbilaa: 1-877-696-6775.
Garagalcha Tilmaama Gatii Duraa kana olkaawwadhaa yookan suuraa kaasaa. Yoo hamma caalu kaffalchiifamtan isin barbaachisuu mala.

Dabalata baruuf akkasumas adeemsicha jalqabuuf unkaa argachuuf, gara www.cms.gov/nosurprises (ingiliffa qofaan jira) deemaa yookan gara Giddugala Bilbila Bilisaatti bilbilaa: 1-877-696-6775.

Gaaffilee gaafachuuf yookan odeeffannoo dabalataa waa'ee mirga Tilmaama Gatii Duraa keessan yookan adeemsa falmii irratti argachuuf, www.cms.gov/nosurprises (ingiliffa qofaan jira) daawwadhaa yookan gara Giddugala Bilbila Bilisaatti bilbilaa: 1-877-696-6775.

Garagalcha Tilmaama Gatii Duraa kana olkaawwadhaa yookan suuraa kaasaa. Yoo hamma caalu kaffalchiifamtan isin barbaachisuu mala.